

سُورَةُ الْمُتَحِنَةِ  
Suuraa Mumtahgina aa

\* Dura dursoo suuran tun {suuratulmu-  
mtahginaa} je'amenti.

\* Isiin suuraa madiina'aati .

\* Aayanni is'ii kudha sadii {13}.

\*Lakkooyisi isi'ii jahaatamii {60}.

\* Isiin eega suuraa ahgzaabii buute.

\* Jalqabni dubbiii maqaa waaqa rahgmata qabuutii .

\*Yaa warra Rabbiifii ergamaa isaa dhu-  
go'oomse.

\*Nyaaba yookaa diina kiyyaafii keessan aanaa, jaala hin godha tinaa, diinni sun, ku-ffaara makkaatifii nama akka isaanii hu-ndaa.

\*Sirrii orma islaamaa iui geessitanii basa-asa taataniifii waan isaan jaalatan isaa nii odeessitanii.

\*Odoos isaan diin keessan haqa Rabbirraa isinii dhufetti kafaranii jiranuu.

\*Rasuulafii isinillee, biyya teessan makkarraa baasanii waan isin qabdan hunda fudhatanii.

\*Waan isin Rabbii keessanitti amantaniif jecha.

\*Duuba yoo qabsoo karaa kiyyaatii jecha, kan baatan taatan .

\*Yoo kan jaalala tiyya barbaadu'uu baatan taatan, xilata kiyyaafii keessan jaala hin godhatinaa.

\*Dhoysa'aan gorsa jaalalaa dhaamtaniifii.

\*An waan isin dhoysitaniifii, waan isin mul'iftan hunda ni beekaa, waan takka haala keessanirraa, wanni naraa dhokatu hin

قبل كل شئ هذه هي سورة الممتحنة

وهي سورة مدنية

وآياتها ( ١٣ )

وترتيبها ( ٦٠ )

نزلت بعد سورة الاحزاب

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا

لَا تَنۡخِذُوا عَدُوِّي وَعَدُوَّكُمْ أَوْلِيَاءَ

تَلۡقَوۡنَ إِلَيۡهِمۡ بِالۡمَوَدَّةِ

وَقَدۡ كَفَرُوا بِمَا جَاءَكُم مِّنَ الْحَقِّ

يُخْرِجُونَ الرَّسُولَ وَإِيَّاكُم

أَن تُوۡمِنُوا بِاللَّهِ رَبِّكُم

إِن كُنۡتُمْ خَرَجْتُمْ جِهَادًا فِي سَبِيلِي

وَأَبۡغَاءَ مَرۡضَاتِي

تُسۡرُونَ إِلَيۡهِمۡ بِالۡمَوَدَّةِ

وَأَنَا أَعۡلَمُ بِمَا أَخۡفَيْتُمۡ وَمَا أَعۡلַنتُمۡ

jiru.

1} \*Duuba namni isinirraa waanan irraa

وَمَنْ يَفْعَلْهُ مِنْكُمْ فَقَدْ ضَلَّ سَوَاءَ السَّبِيلِ ﴿١﴾

isin dhoowwe san dalage dhugumaan karaa qajeela'arraa maqe. Namni dubb-iin tun dhufteef, nama tokkootu asaabaa nabirraa, kan {haaxib} je'amu. Gaafa nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu, makkatti duulu'uu qophaaye , kan kuffaarri makkaa ifirraa quban qabne, namachi sun xalayaa kuffaara makkaatifbarreessee , xalayaa san intala takka tan warra makkaa tan gargaarsa nabirraa barb aadu'uu jecha, makkarraa dhuftee, duuba makkatti deebi'uudhaa karaa buutetti kenne, wanni inni xalayaa san keessatti kuffaara makkaatin je'e; duula Rabbiin gargaaratu isinitti deemaa eeggadhaa, namni dhaamsa isi nii erge kun {haaxib} je'ee farramee, akkasitti jaartin sun, xalayaa san fu utee, dab-arten, duuba hoggaa isiin odoo makkatti deemtuu bakka takka geessu Rabbiin jibriil nabi muhammaditti ergee intala takkaatu warra makkaatif xalaya'aan de-ema, bakka akkanaa geessee dhaqqabii irraa fuudhi je'een, hoggaa san nabi muhammad asaab aliyyiifii, zubeyrifii, miqdaad yaamee jaartii san, bakka akk-anitti dafa'aa dhaqqaba'aa xalayaa sa xalayaa san irraa fuudhaa j e'een, achirraa farda itti yaabbatanii gulufanii dhaqqabani xalayaa harkaa qabdaa kenni je'een asaab aliyyi, lakkii waa takka harkaa hin qabu jetteen, jennaan nabi Muham-madu harkaa qabdi nuu je'ee, harkaa qabdaa kenni bakkaa keessee baasii, hoggaa taan hoccuu sirraa, Mulqineeti baafnaa je'een , hoggaa san baafttee itti kennitee fidanii nabitti kennan nabiin bannaan akka {haaxib} erge, argee akki je'een ; maaltu itti si kaasee yaa haaxib jennaanin ; yaa Rasuula Rabbii kufriin itti nan kaafne nifaaqniIleen itti nan kaafne, an gosa hiikkaa qureyshi'irraayii mittii , warraafii joolleedhan makka qabaa, namni biraa hundi fira makkaa qa-baa , ana maleedhaa, duuba warra makkaa bira harka kaayatuudhafan, erge, je'e, jennaan asaab umar mata'aan irraa darbaa yaa ergamaa Rabbii itti na dhiisi , je'een, jennaan lakkii yaa umar, inni nama lola badrii seene hundaan isinii ara-ramee, waan feetan dalagaa je'ee , yoo mure, maaltu si beysise, je'een, nabiin namichi saniif dhiifama gadhe, haa tayuu akka namichi kuffaara jaala godhat-u'uun karaa qajeela'arraa baye, Rabbiin nuu himee, xilaatummaa kuffaarri isla-amaf qabu addeessu'uu jecha akki je'e ;

\*Ormi kuffaaraa kan isin jaala godhattan sun, yoo isin qunnaman yoo bakka takk-atti isin argatan.

إِنْ يَتَّقُوا اللَّهَ

\*Xilaatummaa qalbii keessaa isinii gaban, isinitti mul'isan, jaalalumma'aa mitii.

يَكُونُوا لَكُمْ أَعْدَاءَ

\*Ammallee harkaan isinitti gaman isin dhawu'uufii, ajjeesu'uun,

وَيَسْطُوا إِلَيْكُمْ أَيْدِيَهُمْ

\*Arraba isaanitiinis isinitti gaman ham-aafii arrabaan isin miidhan .

وَأَلْسِنَتِهِمْ بِالسُّوءِ

2} \*Isaan akka kafartanii, akka isaanii ta-  
atani, wal qixxaatan jaalatan yookaa ha-  
wwan.

وَوَدُّوا لَوْ تَكْفُرُونَ ﴿٢﴾

\*Firummaan teessan kan sanii jettanii ku-

لَنْ تَنْفَعَكُمْ أَرْحَامُهُمْ وَلَا أَوْلَادُهُمْ

ffaara jaala godhattan, ammallee joollen teessan, kanneen isaanii jettanii  
sirrii islaamaa, kuffaara makaatif ergitan, waa takka aakhira'atti isin hin fay-  
yaddu, duuba akkamitti sanii jettanii, Rabbiin wal dhabdan.

\*Rabbiin guyyaa qiyaarnaaa isiniif ilm-

يَوْمَ الْقِيَامَةِ يَفْصَلُ بَيْنَكُمْ

aan keessan, kan kuffaaraa ammallee fira keessan, kan kuffaaraa adda ba-  
asa, isin jannata geessee, isaan ibidda geessee, duuba isaanii je'anii kuffaara  
jaala godhatuu waa akka niti,

3} \*Rabbiin waan isin dalaydan hunda ni  
argaa, ni beekaa, irraa isin gaafataa, karaa  
Rabbirraa hin bayinaa.

وَاللَّهُ بِمَا تَعْمَلُونَ بَصِيرٌ ﴿٣﴾

\*Dhugumaan haalli gaarin qabatani irr-  
atti deem un isinirraa jiru, nabi ibraahii-  
mifii.

قَدْ كَانَتْ لَكُمْ أُسْوَةٌ حَسَنَةٌ فِي إِبْرَاهِيمَ

\*Warra isaan wajji amane, keessa isinii ji-  
raa, haala isaanii laala'aa akkaataa isaan  
orma kuffaaratiin wajji itti deeman qaba-  
dha'aa, isaan jala deemaa.

وَالَّذِينَ مَعَهُ

\*Wanni isaan ummata isaanitiin je'an;  
nuti isinirraa cinne.

إِذْ قَالُوا لِقَوْمِهِمْ إِنَّا بُرَاءُ مِنْكُمْ

\*Diin keessan, Rabbii keessan kan isin  
mu-karraa tolfattanii gabbartan hin feenu,  
irraa cinne,

وَمِمَّا تَعْبُدُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

\*Isinitti kafarre, isin dinne, karaa keessan  
jibbine.

كَفَرْنَا بِكُمْ

\*Nuufii isin jiddu'utti xilaatumma'aafii  
wal jibbansi zalaalami'ii mul'ate.

وَبَدَأَ بَيْنَنَا وَبَيْنَكُمْ الْعَدَاوَةَ وَالْبَغْضَاءَ أَبَدًا

\*Hanga isin Rabbii tokkichatti amantan-  
itti wal tayuun keenya hin argamu je'anii,  
kuffaararraa citanii.isinis isaanirratti laall-  
adha'aa waan isaan kuffaaran je'aniifii,  
waan isaan dalagan jala deemaa.

حَتَّى تَوَمَّنُوا بِاللَّهِ وَحْدَهُ

\*Waani nabi ibraahiim adeera isaatin je'e  
, keessatti jala hin deeminaa malee wanni  
inni adeera isaati je'e;

إِلَّا قَوْلَ إِبْرَاهِيمَ لِأَبِيهِ

\*Rabbirraan araara siif barbaada.,

لَا سَتَغْفِرَنَّ لَكَ

\* An araara siif barbaaduu malee waan

وَمَا أَمَلِكُ لَكَ مِنَ اللَّهِ مِنْ شَيْءٍ

biraa Rabbirraa siif arguu hin dandayu, nabi ibraahiim adeera isaatif araara Rabbirraa barbaadun odoo inni hin amanuu hin hubatini, kan amanuu isaa kajeelu, ammoo inni hin amanuu hubannan, araara isaaf godhuu ni dhiise kuffaaraf, araara barbaadun hin jiru, yoo yaa Rabbi amansiisii araaramiif jechaa faa taate malee, waan ifiin jaalatan nama biraatin jaalatuun ni barb-aadamaa.

\*Nabi ibraahimifii warri isaan wajji jiru, kuffaararraa citanii, akki je'an; yaa Rabbii keenya nuti sitti irkanne.

رَبَّنَا عَلَيْكَ تَوَكَّلْنَا

\*Waa hunda sitti dhaysine.

وَأِلَيْكَ آتَيْنَا

4} \*Eega duunee aakhira'atti gara keetii deebina.

وَأِلَيْكَ الْمَصِيرُ ﴿٤﴾

\*Yaa Rabbii kheenya fitnaa warra sitti

رَبَّنَا لَا تَجْعَلْنَا فِتْنَةً لِلَّذِينَ كَفَرُوا

kafaree nun godhin, akkanajechuun; kuffaar nurratti moosiftee, akka nu cunqursan nun godhin atilleen fuula isaanii duratti balaa nutti buusin, yoo ati balaa isaan duratti nutti buufte, ormi kuffaaraa jarri kun haqarra hin jiru je'eeti, kafaruu itti fufaa, duuba sun fitnaa isaanitti tayu'u je'ama, waan haala keenya laalanii amanuu didaniif kan saniin kufrii ida'atan,

\*Yaa Raabbi nuuf araarami.

وَأَعِزَّنَا رَبَّنَا

\*Ati kan waa hunda dandayuu, kan injif-atuu malee waa isa hin jifanne.

إِنَّكَ أَنْتَ الْعَزِيزُ

5} \*Kan waan akka qabu maJee hin da-layne.

الْحَكِيمُ ﴿٥﴾

\*dhugamaan haalli gaarin, qabattan, nabi ibraahiimiifii warra isaan wajji amane, kan akka nabi luux, kan akka jaartii nabi ibraahiim saarraa, keessa isiniifjira

لَقَدْ كَانَ لَكُمْ فِيهِمْ أُسْوَةٌ حَسَنَةٌ

\*Nama sawaaba galata Rabbii khajeeluf, nama azaaba guyyaa qiyaama'aa so-daatuf.

لِمَنْ كَانَ يَرْجُوا اللَّهَ وَالْيَوْمَ الْآخِرَ

\*Ammoo namni haala nabi ibraahiim qabatuu dhiisee kuffaara jaala godhate, Rab-biin ni qixaaxa.

وَمَنْ يُؤَلَّ

\*Rabbiin dureessa waa takkatti hin ha-  
ajamne.

فَإِنَّ اللَّهَ هُوَ الْعَزِيزُ

6} \*kan akka maratti faarfarnu.

الْحَمِيدُ ﴿٦﴾

\*Rabbiin isiniifii, garii orma kuffaaraa  
kanneen akkasitti wal jibbitan jiddu'utti  
jaalala uumuu hin oolu , gariin isaanii

عَسَى اللَّهُ أَنْ يَجْعَلَ بَيْنَكُمْ وَبَيْنَ الَّذِينَ عَادَيْتُمْ  
مِنْهُمْ مَوَدَّةً

islaamayee owliyyaa,yookaa aanaa walii taatanii, duuba tanaaf jibbansa kuff-  
arraa hanguma Rabbiin je'etti dhaabaa ,keessan dabrina'aa, namni ar'a  
jibbitan boru amanee jaala addunya'aa aakhira'aa walii tayu'uutu dhufaa,  
Rabbiin haala gabroottan isaa akka fedhetti jirjiiraa, tanaaf jecha akkuma  
Rabbiin je'etti , kuffaarri makkaa , hamaan sun islaamayee, bitti makkaa bi-  
yya islaamaa taatee, isaaniffi ormi islaarnaa, kan duraan gaafa isaan kaafiraa  
wal jibban jaala walii tayanii, awliyyaa walii tayanii , diin islaam waliin jab-  
eessan .

\*Rabbiin kan wahayuu dandayu, kan wa-  
an fedhe dalagu, akka maluun.

وَاللَّهُ قَدِيرٌ

\*Rabbiin kan dilii dabarte mara nama isl-  
aamayeeef araaramu.

وَاللَّهُ عَزِيزٌ

7} \*Rabbiin kan rahgmata namaaf godhu,  
waan gaarii akka amanti'ii nama qunnam-  
siisu'uun.

رَحِيمٌ ﴿٧﴾

\*Rabbiin kuffaara, diinaa keessanii je'ee  
isiniin hin

لَا يَنْهَكُمُ اللَّهُ عَنِ الَّذِينَ لَمْ يُقَاتِلُوكُمْ فِي الدِّينِ

\*Kanneen biyya teessanii, isin hin baasm.

وَلَمْ يُخْرِجُواكُم مِّن دِينِكُمْ

\*Tola isaanii oolu'urraa, nagayaan wajji  
jiraatu'urraa isin hin dhoowwu.

أَن يَبْرُوهُمْ

\*karaa qixxumma'aatin, karaa gaari'in  
wajji jiraatu'urraa isin hin dhoowwu.

وَنَفْسُوا إِلَيْهِمْ

8} \*Rabbiin nama waan hunda keessatti  
karaa qixxumma'aatin deemu jaalataa,  
nama rorro'oon deemuu mitii.

إِنَّ اللَّهَ يُحِبُّ الْمُسْلِمِينَ ﴿٨﴾

\*Namni Rabiin jaala isa godhatu'urraa  
isin dhoowwu warra diin keessanii je'ee,  
isiniin lolu kan maa amantaniidhaf, isin  
ajjeesu.

إِنَّمَا يَنْهَكُمُ اللَّهُ عَنِ الَّذِينَ قَاتَلُوكُمْ فِي الدِّينِ

\*Kanneen biyya teessanii, manneen kees-  
sanii isin baasan.

وَأَخْرَجُواكُم مِّن دِينِكُمْ

\*Kanneen xilaata keessan diina keessan gargaaranii biyyaa is in baasan.

وَوَظَّهَرُوا عَلَيَّ إِخْرَاجِكُمْ

\*Jara akkasii san, jaala godhatu'urraa Rabbiin isin dhoowwa.

أَنْ تَوَلَّوْهُمْ

\*Namni kuffaara, diinii je'ee namaan lolu, kan mu'minaa biyyaafii haqa isarraa ari'u jaala godhatee, gara'aan jaalalaan wajji jiraatu

وَمَنْ يَتَوَلَّهُمْ

9} \*Isaani, jarri if miidhe, waan Rabbiin irraa dhoowwe dalaguun.

فَأُولَئِكَ هُمُ الظَّالِمُونَ ﴿٩﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane.

يَتَّيَّبُهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا

\*Dhalaan afaanin shahaadaa qabate an amane jettee, yoo isaanitti dhufte.

إِذَا جَاءَكُمْ الْمُؤْمِنَاتُ

\*Rabbii jettee makkarraa madiina'atti godaanu'uu jecha, eega sulhii, yookaa wal tayaa hudeybiya'aa, kan nabiifii kuffaara jiddu'utti argamee.

مُهَجِّرَاتٍ

\*Dhalaa san morkorraa laalaa dhugaaan

فَأَمْتَحِنُوهُنَّ

diinaa ifiitin, biyya kuffaararraa dheysu'uu dhufte moo, jaarsa jalaa baddeeti dhuftee laalaa, namni isiin jaalattu, hijraa bayeeti jaalala isaatin hijraa baatemoo, jaalala islaarnatiifii laalaa morkaraa, beerri gariin hoggaajaarsan wal dide, aaree hijraa bayaa, kan hin amanin.

\*Rabbiin iimaana qalbii isaanii keessa jiru ni beekhaa, haa tayuu is in morkaraa, ka-ku'uun wajji, haa kakattu, jechuun.

اللَّهُ أَعْلَمُ بِإِيمَانِنَّ

\*Duuba yoo akka isin dhuga'aan amante hubattan.

فَإِنَّ عِلْمَ تَمُوهِنَّ مُؤْمِنَاتٍ

\*Biyya kuffaaratti isii hin deebisinaa

فَلَا تَرْجِعُوهُنَّ إِلَى الْكُفَّارِ

wal tayiinsi nabiifii kuffaara makkaa jiddu'utti godhame, hudeybiya'atti akka je'u; yoo islaamtichi tokko kafaree qureyshi'itti dheyse, qurayshin hin deebiftu, yoo qureyshi'irraa kaafirtichi tokko islaamayee, nabi muhammaditti dheyse, isaanif deebisa, duuba sharxii akkanatti jirtuu, intalti takka tan {ummu kulsuum} je'amtu amantee kaatee makkarraa madiinaa dhuftee, duuba obboleyyan isi'ii lama, kuffaara qureyshi'irraa barbaadajala dhufanii nabi Muhammadiin nageenyi isarratti haajiraatuu s harxii nu jidduu jirtu jecha, intala tana nuu deebisi je'aniin, jennaan na biin akka je'en; sharxiin, murtiin nu jiddu jirtu, yeo dhiirti amantee dhufie jetti malee, yoo dhalaan amantee dhufiee miti je'eenii, deebisu'uuf didee, akkasitti dhabanii galan, duuba Rabbiin dhalaa amanee dhu-

fee mokkoru'utti ajajee, yoo dhuga'aan amante, kuffaaratti deebisu'urraa dhow-  
wee akki je'e;

\*Dhalaan amanee dhufe, jaarsotii isi'iitif, halaalii mitii, kaafirri dhalaa islaamaa fu-  
udhuu hin qabuu ittin deebisinaa.

لَا هُنَّ حُلٌّ لَهُمْ وَلَا هُمْ يَحِلُّونَ لَهُنَّ

\*Horii {mahrii} dhalaa amantee sanitti kaafirri baasee hanga gaafadha'aa waan  
inni itti baasee isaa kennaa akka waa lamaan dhabne.

وَأَتَوْهُم مَّا أَنْفَقُوا

\*Isii jaarsa jalaa islaamoyte san fuudhun isinirratti hin dhoowwamu sharxii iddaan  
isi'ii dhurnu'uutin, yoo ta isii wajji rafe taatee, ammallee sharxii shaahida afii wa-  
liyyi'iitin.

وَلَا جُنَاحَ عَلَيْكُمْ أَنْ تَنْكِحُوهُنَّ

\*Yoo mahrii isiidhaa isi'iifkennitan.

إِذَا عَلِمْتُمُوهُنَّ أَجْرَهُنَّ

\*Isin beeraa irraa islaamoytan, yookaa amantan, nikaaha kufrii keessatiin hin qa-  
batinaa ,isin islaamayuun nikaaha muree

وَلَا تُمْسِكُوا بِعَصَمِ الْكُوفِرِ

\*Yoo beerri keessan kafaree, biyya kaaf-  
iraa gale, mahrii teessan tan isi'itti baaf-  
tan, kuffaararraa fudhaa, akka jaarti'i ifii,  
horii waliin hin dhabne.

وَسَأَلُوا مَّا أَنْفَقْتُمْ

\* Kuffaarrin is, yoo beerri isaanii ama-  
nee, hijraa baye, horii isi'itti baasan haa  
gaaf-atanii.

وَلَسَأَلُوا مَّا أَنْفَقُوا

\* Akkanatti dubbii muruun, firdii Rabbi  
in isiniifii, diina keessan jiddu'utti godhu.

ذَلِكَ حُكْمُ اللَّهِ يَحْكُمُ بَيْنَكُمْ

10} \*Rabbiin beekaa ,hikmaa qabu ,kan  
waan dantaan gabroottan isaa keessa jirtu  
dalagu firdii tana keessatti,dantaa kaafira-  
atifii ta nama islaamallee laale

وَاللَّهُ عَلِيمٌ حَكِيمٌ ﴿١٠﴾

\*Beera keessan kan kafaree, biyya kaaf-  
iraa galerraa, yoo horii isi'itti baaftan ku-  
ffaari isinii kennuu didee dhabdan, yo-  
okaa ir'ate.

وَإِنْ فَاتَكُمْ سَيِّئَةٌ مِنْ زَوْجِكُمْ إِلَى الْكُفَّارِ

\*Duuba biyya kaafiraa, ta beerri itti dhe-  
yse sanitti duultanii, horii isaanii boojitan.

فَعَاقِبْتُمْ

\*Odo horii boojitan san, addan qoonne

فَاتُوا الَّذِينَ ذَهَبَتْ أَرْوَاجُهُمْ

jara beeri jalaa yaa'ee kuffaaratti galee, kuffaarri horii isaanii kennu 'uuf dide sanii, horii boojiyamerraa kennaa, horiin jara sanii kuffaara rratti galaa, yookaa mogoota tayee jiraa.

\*Hanga isaan beera isaanitti baasan kennaa.

مَثَلُ مَا أَنْفَقُوا

11} \*Waaqa isin itti amantan san soda-dhaa ,waan inni je'u dhagayaa haqa namaa ifirraa eeggadhaa.

وَاتَّقُوا اللَّهَ الَّذِي أَنْتُمْ بِهِ مُؤْمِنُونَ ﴿١١﴾

\*Yaa ergamaa kiyya muhammad yoo dhalaan amane dhufee, waa jaha dalaguu dhabu'urratti siif kakate.

يَا أَيُّهَا النَّبِيُّ إِذَا جَاءَكَ الْمُؤْمِنَاتُ بِيَاغِعِكَ

\* Jahan sun, kan dura: tokkummaa Rabbii yaaduu, waa takka isatti qixxeessuu, yookaa fakkeessuu dhabuu.

عَلَى أَنْ لَا يُشْرِكْنَ بِاللَّهِ شَيْئًا

\*Lammeysan : waa hatuu dhabuu.

وَلَا يَتَرَفَّنَّ

\*Sadeessan: gumnummaa, yookaa sharmuuxummaa dalguu dhabuu .

وَلَا يَزِينَنَّ

\*Afreessan : ilmaan isaanii ajjeessuu dha-

وَلَا يَقْتُلَنَّ أَوْلَادَهُنَّ

buu, akka arabni odoo islaamni hin dhufin, dhalaa jirtuu awwaaluu ture, dhiira jala deemteti, fafa nutti dhaqqabsiifti je'anii, namni gariin waan nya-achifnu hin qabnu,je'eeti ilmaan fixa, rizqiin isaatifii tajoollee isalleee harka Rabbii joollee san uumeti jirtii , hin beekanii, ulfa ifirraa darbuunis akkuma joollee ajjeessu'uuti.

\*Shaneessan:kijibuu dhabuu

وَلَا يَأْتِينَ بِبُهْتَانٍ

\*kijiba, harka lamaanifii miila lamaan

بِفَتْرِينَهُ بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَأَرْجُلِهِمْ

isaanii jiddu'utti kijiban, kijibni akkanaa ilmoo lafaa argatte jaarsa isi'itti dhaqqabsiisuu tan akka kana dalaydu, isii ilmoo dhabde, tan jaarsi kiyya na hiikkaa sodaattu, isiin ulfa kijibaa, jaarsa isi'ii garsiiteti, eegasii biyya biraa dhayxee, hanga silaa dhala geessu takka, achi teessee ilmoo namaa fudhattee, teeti jettee, ilmoo namaa jaarsa isi'itti dhaqqabsiifti, akkasuma yoo inni biraa diida dhaqee turee, deebi'is, ilmoo lafaa argatte faa keeti jettee itti dhaqqabsiifti.

\*Jeheessan : waan karaa rabbi gaxxamu

وَلَا يَعْصِيَنَّكَ فِي مَعْرُوفٍ

shari'aa keessatti dubbii tee diduu dhabuu , nama du'e faarsitee, iyyitee booyuu fa'aan, huccuu dhoofttee, rifeensa ifirraa cirtee fuula if dhoytee, booyuu



fa'aan si khilaafuu dhabuu, duuba yoo dhalaan sun, waan jahan kana hin da-  
laynu je'anii, baallama sii seenanii sii kakatan.

\*Akka Rabbiin jannata seensisu ,atis

فَبَايَعَهُنَّ

baalama seenif, beerri nabi muhammadiif baallama seenee.nabis ballama  
seenef, beera makkarraa nama dhibba afuriifii shantamii torba, eega makka  
biyya islaamaa godharntee, bakka safaje'amtutti.

\*Jara beeraa saniif, araarama Rabbirraa  
barbaadi.

وَأَسْتَغْفِرُ لَهُنَّ اللَّهُ

12} \*Rabbiin kan namaaf araamee rahg-  
mata namaaf godhuu. .

إِنَّ اللَّهَ غَفُورٌ رَحِيمٌ ﴿١٢﴾

\*Yaa warra Rabbitti amane, warra Rabb-  
iin itti dallane jaala hin godhatinaa ,isaan  
yuhuuda'aafii nasaara'aafii waan kuffaara  
taye hunda,

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ آمَنُوا لَا تَتَوَلَّوْا قَوْمًا غَضِبَ اللَّهُ  
عَلَيْهِمْ

\*Isaan sawaaba aakhiraarraa garaa mura-

قَدِيسُوا مِنَ الْآخِرَةِ

ratan, waan beeka'aa kafaraniifii, namni muhammaditti kafare, kan isa dhu-  
go'oomsee, ittin amanin, jannata keessaa bakka hin qabuu, beekanii akka  
kitaabban isaanii keessatti argan, tanaaf galata aakhira'arraa gara muratan.

13} \* Akka kuffaari awwaalame, kan

كَمَا يَسَّ الْكُفَّارُ مِنَ أَصْحَابِ الْقُبُورِ ﴿١٣﴾

qabrii keessa jiru sawaaba aakhiraarraa gara muratetti waaan sawaab aakhi-  
ra'aa arganii hin argannuu beekaniif, waan addunya'atti deebi'anii waan  
sawaaba aakhira'aatin argatan dalaguu hin daddeenyef.